


# Manifeestoo Shamarran Itoophiyaa 2024

MALALA FUND SUPPORTER

EDUCATION CHAMPION NETWORK ETHIOPIA

NEWA



# Manifeestoo Shamarran Itoophiyaa 2024

MALALA FUND SUPPORTER

EDUCATION CHAMPION NETWORK ETHIOPIA

NEWA

# Bafata


| | |
|---|---|
| Seensa | 4 |
| Barbaachisummaa Manifeestoo kana | 5 |
| Waamicha Tarkaanfii  fudhachuu fi Jijjiiramaf | 7 |
| Waamicha Tarkaanfii  fudhachuu fi Jijjiiramaf | 12 |
| Qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu akka Sochii kana Keessatti nu waliin Hiriiran Gaafachuu! | 18 |



# Seensa

Nuti gareen shamarran Itoophiyaa guutuu biyyattii keessa walitti dhufun waa'ee mirga keenyaa fi mirga carraa barnoota argachuu irrattii falmachuuf tokko taanee kaayyoo waloo tokkoo ta'ee ni qabna. Deggarsa dhabbaata Network of Ethiopian Women's Associations (NEWA) fi Fandii Malalaa jalatti walitti dhufun, waa'ee mirga namoomaa fi mirga shamarranii irrattii akka Heera Mootummaa Federaalaa Rippabiliika Itoophiyaa jalattii tumamee fi konveenshiniiwwan idil-addunyaa irratti leenjii fudhanneerra. Akkaata naannoo keenya irrattii hundaa'uun, deggarsa gorsa ogeeyyii fudhachuun dhimmicha gadi fageenyan sadarkaa maatii, hawaasaa fi uummatattii hubanneera. Bakka tokko itti wal itti dhufuun, yaaddoowwan fi fedhiiwwan keenyaa sadarkaa hawaasa itti sadarkaa irra jiru irrattii yaada keenya walii qooduun, waantoota gama hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi seeraa keessatti dursa kennamuuf qaban irrattii ajandaawwan waloo keenya irratti mari'achuun adda baasneera. Mariiwwan kutaalee biyyattii gara garaa keessatti gaggeeffaman fi muuxannoowwan dhuunfaa keenya fayyadamuun Manifeestoo Shamarranii kana qopheessuuf gargaramaneera.

Manifeestoo kun mul'ataa fi hawwii keenya booji'erraa. Imala keenya waligalaa madaaluun mirkaneessuu fi galteewwan barbaachisoo ta'an argachuuf jecha workshopii mirkaneessuuf barbaachisuu akka biyyoolessaa itti Finfinneetti gaggeessuun, ajandaawwan keenya irratti sagalee waloo akka biyyoolessaa itti bakka bu'an yookaan waltajjii akka biyyoolessaa itti qaama hundaa hirmaachiseen tokkummaan gamaaggamuun mirkaneessaniru.

# Barbaachisummaa Manifeestoo kana

Manifeestoo shamarran Itoophiyaa kun sagalee waloo keenya, kallattii kan agarsisuu fi nuyi bakka ba'ee dubbatuudha. Hirmaatootni sagantaa kan golaa biyyattii hundarraa; kanneen akka naannoolee gara garaa irra, kutaalee hawaasaa gara garaa irra, sabaa fi sablammootaa gara garaa fi amantaa adda addaa bakka bu'uun kan hirmaatanidha. Nuti shamarran naannoo baadiyyaa fi magaalaa , hawaasa horsisa bultoota shamarran qaama miidhamtoota ,fi shamarran hawaasa kessoo (biyya keessaa) buqqa'an irraa kan walittti dhufeennadha. Manifeestoo kun kaayyoowwan keenyaa fi tooftaawwan mirga keenyaf falmuu/abukaatummaa eegumsa keenya , sagaleen keenyi akka dhaga'amuu fi mirgi namoomaa keenya kabajamu isaa kan mirkaneessuu yookaan hordofuuf barbaachisaan kan ibsu ykn kan tarreesuudha. Manifeestoo kun bakka bu'umma hiika qabuu fi hirmaannaa gama hundaan jireenya keenya irrattii gama hundaa jijjiramni akka jiraatuuf waamicha ni godha. Bakkeewwan nageenya qaban, eegumsa seeraa, fi waltajjiiwwan hunda hammachuun sagaleen keenyi qofti akka dhaga'amuu qofa osoo hin taane bakka kabajaa itti argannuu fi akkaata barbaadameen hojii irra akka ooluuf ni gaafanna. Karaa Manifesto kan, mirgi jiraachuu keenya jeequmsa, loogii, fi gochaawwan miidhaa geessisan irraa bilisan jiraachuu fi egeree hawaasa fi biyya keenyaa bocuu keessatti dammaqinaan akka hirmaannuu ni mirkaneessina. Nuti shamarran Itoophiyaa qormatawwan mirga fi bilisummaa keenya waliin qabaachuun mudatan furuu fi kabaja keenya deebisnee mirkaneessuuf karoora waligalaa ni dhiyeessan. Akka biyyaattii, adeemsa murtee kennuu sadarkaa adda addaa irratti hirmaachuu bira darbee, carraawwan barnoota, mirga kunuunsa sirna fayyumma walhormaataa qaama saalaa, nagaa fi tasgabbii akkasumas naannoo mana barnoota keessattii eegumsa fi nageenya amansisa qabuu argachuuf carraaqqii amanamsisa ta'e argachuuf carraaqqii ni goona. Kana malees, walitti hidhimsa fi mirga bakka bu'uumma waloon, gorsaa, barnoota, fi tarkaanfii waloo fudhachuu irratti xiyyeeffannoon barbaachisaa ta'ee kennameera. Muuxannoo, hawwii, fi fedhiii keenya qooduun, sanadni kun akka bakka bu'aa keenyaa fi jijjiirama hawaasummaa barbaannuu galmaan ga'uuf akka meeshaa baay'ee murteessa ta'eettii ni tajaajila. Dhuma irrattii kaayyoon barbaadamu, qooda fudhattootaa fi murteessitoota hirmaachisuun tooftaawwan imaammata, seera, baajataa fi kanneen hojii irra oolmaa irratti hojjechuuf barbaachisaan qopheessuf carraaqqii guddaa ni taasifna.

Manifeestoo shamarranii kun akkaata bu'uurawwan heera biyyattii fi konveenshiniiwwan idil-addunyaa irratti hunda'uun gaaffiiwwan bu'uuraa keenya kan akeekuudha. Kanaafuu, shamarran Itoophiyaa hundaaf egeree fooyya'aa uumuuf jecha, akkaata seera dhaabbatichaa fi konveenshinii idil-addunyaa waliin walsimuun waa'ee mirga keenya beeksisuu fi falmuuf murannoo ni qabna/ waadaa ni galla.

# Waamicha Tarkaanfii fudhachuu fi Jijjiiramaf








Manifeestoo Shamarran Itoophiyaa 2024

1

## Adeemsa dimokiraasii, misoomaa fi bulchiinsa biyyoolessaa keessatti sagaleen keenya haa dhagahamuu fi bakka haa argatuu

Nuti shamarran Itoophiyaa, waltajii ummataa fi adeemsa murtee kennuu keessatti, ilaalchi fi fedhiin keenyi ilaalcha keessa galuu isaa mrikaneessuuf sagalee fi gaaffiin keenyi ol ka'ee akka dhaga'amuu qabu ni amanna. Keessummaa barmatilee hawaasaa kanneen loogii qaban, bu'uuraalee seeraa fi imaammataa jiran, akkasumas walbu'iinsa fi rakkoowwan akka biyyaa itti jiran, mirga heera mootummaan nuu kennamee fi kanneen akka mirga barnoota argachuu irratti dhiibbaa guddaa nuu irra geessiseera. Sababa kanaan, muddamni yeroo dheeraaf naannoo manneen barnootaa irra ni turee, ammas ni jira. Kunis karaa biraan shamarran balaawwan qaamaa fi xiin sammuu hamma kanneen akka kan akka gaa'ela umrii malee, ulfa yeroo malee, daa'imman hojii daandeetii isaanii malee irratti hirmachuu fi saalqunnamtii saalaa umrii isaanii malee isaan hin madaaleen akka miidhamaan isaa taasiseera.



Kanarraa ka'uun, akka adeemsa dimokiraasii, misoomaa fi bulchiinsa biyyoolessaa irratti akka hirmaannuu fi akka fayyadamoo taanuuf imaammataa fi murtoo murteessitoota biyyittin cimsinee ni gaffannaa.

2

## Danqaawwan barnoota shamarranii gufachiisan akka furmaata argataniif saffisaan manneen barnootaa keenya akka deebi'anii ijaaraman gochuun, barnoonni yeroon akka hojii jalqabuu ni gaafanna yookaan in barbanna!





Nuti shamarran Itoophiyaa barnoonni mirga bu'uuraa guddina hawaasa tokko fi dinagdee keenyaaf murteessaa ta'uu isaa ni hubanna/beekamtii ni kennina. Keessattuu, rakkoowwan sababa barmaatilee aadaa naannoo booda itti hafa ta'een mudatuu fi sababa kuufaatii dinagdeen irran kan ka'ee barnoota qulqullina qabu akka hin arganneef danqaawwan nuu mudachaa jiru.

Qormaatawwan mudatan kanaf sirreeffama gochuun tarkaanfiiwwan gochaan deggaraman fudhachuun shamarran Itoophiyaa hundii carra barnoota argachuu isaanii akka dabaluuf yaada ni dhiyeessina.

Daa'imman hundi, keessumaa shamarran, yaaddoo kaffaltii mana barnootaa osoo hin yaadinii, mootummaan imaammata carra barnoota bilisaa kenna jiru akka cimsee itti fufuu waamicha ni goona. Naannoo baadiyyaa fi naannoolee walitti bu'iinsii irra dhabbaatee keessattii shamarraan hundii tajaajila barnootaa gatii madaalawa ta'een argachuu isaanii mirkaneessuuf, manneen barnootaa deebisanii ijaaruu fi suphuu irrattii invastimantii dabaluun akka barbaachisuu cimsine ni ibsina

Shamarraniif, manneen barnootaa mijaata ta'ee keessatti barachuun, tajaajila mana fincaanii fi qulqullina itti eeggatan mijaata ta'ee akka argatan isaan ni taasisa, kanafuu, manneen barnoota keessatti miidhaa saalaa fi doorsisaa irra naannoo bilisa ta'ee akka uumamu ni gaafanna.

Paadiin qulqullinaa fayyaa marsaa laguu ji'a ji'an nutti dhufuu to'achuuf nuu gargaara. Mootummaan manneen barnootaa keessatti shamarraniif paadiiwwan qulqullinaa keenya akka eegannuuf waan nuu gargareef ni galateeffanna, akkasumas beekkamtii ni kennan.Haa ta'uu malee , tarkaanfiin kun abdachisaa ta'uus, manneen barnootaa magaalaa keessatti argaman irratti kan daangeffamee yoo ta'u, garuu ummanni %80 naannoo baadiyyaa jiraata. Kana irra kan ka'ee, manneen barnootaa hunda keessatti rakkoowwan hanqina dhiyeessii paadiiwwan qulqullinaa gahaa ta'ee akka furmaata argatu ni gaafanna. Shamarran yeroo marsaan laguu ji'a isaa itti dhufuu meeshalee tajaajila qulqullina biroo isaan barbaachisan illee akka isaanii guutamuu ni gaafanna.

> *Paadiiwwan qulqullinaa argachuun fi fayyadamuun qananiin osoo hin taane, anaa fi hiriyoota kootiif fayyaa keenya eeggachuuf, kabajaa keenya fi dandeettii guutuun barnoota keenya irrattii akka xiyyeeffannuuf nuuf barbaachisaa dha."*
>
> *- Barattuu kutaa 11ffaa naannoo baadiyyaa jiraatuu irraa*

Bu'uuraalee misoomaa manneen barnootaa fooyyessuun, shamarran tajaajila guutuu akka argatanii fi irra fayyadamoo akka ta'an gochuun murteessaadha. Kanafuu, manneen barnoota hundii tajaajila qulqullinaa fi barnoota ammayyaa kennuuf tajaajilawwan barbaachisoo ta'an kanneen akka tajaajila bishaan qulqulluu, bakka harka dhiqannaa, mana fincaanii saalan adda baafamee fi tajaajila ibsaa argachuun shamarran qulqullina isaanii akka eeggatanii fi kabaja akka argatan ni gaafanna.

Ijaarsa manneen barnootaa naannoo gandaa jiraatan itti dhiyeenyan akka argatan gochuun; nageenya fi eegumsa shamarran yeroo baayyee sababa mannii barnoota ganda isaanii jiraatan irraa fagaatee argamuu irra kan ka'ee balaa akka butamuu fi miidhaa saalaa irraa eegumsa isaanii dabaluuf jecha lakkoofsa manneen barnootaa mootummaa naannoo baadiyyaatti dabaluun barbaachisadha. Akkasumas manneen barnootaa yeroo wal itti bu'iinsa midhaman /diigaman deebisaanii ijaaruun barbaachisadha.

Fedhiiwwan barnootaa gara garaa nuu barbaachisan guutuuf jecha manneen kitaabaa, laaboraatoorii, fi iddoowwan shamarraniif mijatoo ta'an manneen barnootaa keessatti akka ijaaraman ni gaafanna.

## 3 Nageenyi fi tasgabbiin naannoo jiraannuu fi daandiiwwan gara manneen barnootaa geessu irratti hunda caalaa baay'ee barbaachisaadha!



Manneen barnootaa naannoo isaan jiraata keessatti argamuu keessatti nageenyi isaanii dhaabbiidhan akka to'atamu fi hordofamuu ni gaafanna. Imaammata taateewwan doorsisaa cimaa shamarran irrattii rawwatamuu faallessuu hundeessuun, nutii ofitti amanamummaadhaan rakkoowwan nuu muddachuu danda'an akka gabaasnu kan nu dandeessisuu qopheessuun murteessaadha.

Waa'ee barbaachisummaa eegumsa shamarranii manneen barnoota keessatti barbaachisuu ilaalchisee hoggantoota hawaasa naannoo fi maatii hirmaachisu naannoo mijaata ta'ee uumuuf sagantaa hubannoo uumuu qopheessuun barbaachisaa dha.

> *"Hunda caalaa nageenyi akka jiraatuu, hiriyyoota koo naannoo Tigraay bakka bu'een nan gaafadha. Yoo nageenyii jiraatee, anii fi hiriyaaniikoo yaadoo/sodaa nama tokko malee mana barnoota irra gara mana keenyatti nagaan deebi'uu ni dandeenya."*
>
> *- Barattuu kutaa 12ffaa naannoo magaalaa jiraatuu irraa*

## 4 Gufuuwwan shamarran mana barnoota akka hin deemnef isaan dhorquu fi mana isaa tursiisuu danda'uu dhabamsiisuu

- Waa'ee bu'aa shamarran mana barnoota itti erguu/shamarran barsisuun qabuu fi barmatilee aadaa naannoo kanneen mirga namoomaa shamarranii dhorkan mormun duula waligalaa hirmaannaa hawaasaa bal'aa ta'ee hirmachisee akka godhamuu ni gaafanna.
- Barbaachisummaa ijoollee dubaraa/shamarran isaanii barsiisuu/mana barnoota erguu waliin wal qabaatee marii gaggeeffamuu keessatti maatii isaanii hirmaachisuu. Haala wal fakkaatuun, shamarran yeroo barnoota fi qo'annoof yeroo akka argataniif hojii mana keessaa fi itti gaafatamummaa kunuunsaa irratti qaban keessatti maatiin isaanii isaan deeggaruun barbaachisadha.
- Tooftawwan baruu fi barsisuu keessatti koorniyaa ofitti hammachuun hirmaannaa shamarran gosoota barnootaa hunda keessatti qaban akka dabaluu ni gaafanna. Kunis tattaaffii nuti barnootaa keenya irratti milkaa'ina qabachuuf taasisuun kan mirkaneessuudha.
- Adeemsa barnoota keenya keessattii dubartoota fakkeenya ta'an (modeelii ta'an) akka fakeenya itti akka fudhannuu fi akka nuu kakkasuuf jecha sagantaawwan muxannoo walii qooduu qopheessuu.
- Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti sagantaa nyaata dhiyeessun ni jira, haa ta'uu malee, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti hin jiru. Deeggarsi akkasi kun, barattoota sadarkaa lammaffaa qofaaf kan barbaachisu osoo hin taanee,

keessattu shamarraniif caalaa itti barbaachisaa dha. Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa hunda keessatti sagantaa nyaata dhiyeessu akka jalqabuu cimsinee ni gaafanna. Kunis shamarran yaadoo tokko malee barnoota isaanii irratti akka xiyyeeffatan kan taasisudha.

- Dabalataan, sagantaawwan scholarshipii shamarraniif akka kennamuu ni gaafanna. Kunis maatii ijoollee shamarran qabaniif deggarsa faayinaansii/maallaqaa gochuun akka shamarran isaanii mana barnoota itti akka erganiif kan isaan jajjabeessuudha.

> *Hiriyoota koo kanneen carraa barnootaa hin arganneef fakkeenya ta'uuf jecha carraa yunivarsiitii seenuu/makamuu argachuu naan barbaada. Barnoonni nama hundaaf akka barbaachisuu naan beeksisa/hubannoo naan uumaa"*
>
> *- shamarran dargaggeettii ganna 19 naannoo baadiyyaa irraa dhufte.*[1]

## 5 Keessumma Sirna Walhormaataa Fayyaa Qaama Saalaa irratti Mirga Odeeffannoo fi Tajaajila Fayyaa argachuu.

Mareen waa'ee saal qunnamtii saalaa fi sirni wal hormaataa baay'ee of eegganoo kan barbaaduu ta'uu isaa ni hubanna, haa ta'us malee, fayyuummaa keenyaaf baay'ee murteessaadha. Heerri mootummaa Itoophiyaa akkasumas seerri maatii mirga barachuu fi tajaajila fayyaa argachuu keenyaaf wabii kan ta'uudha. Kunis mirga odeeffannoo sirna walhormaataa fayyaa qaama saalaa irrattii argachuu kan dabalatudha. Dabalataanis, seerri maatii fooyya'e, imaammanni dargaggoota Biyyoolessaa fi tarsiimoon fayyaa ga'eessota fi dargaggoota akka biyyoolessaa itti jiru tajaajila fayyaa sirni wal hormaataa iratii akkaata umurii isaaniin akka wal simuniif; manneen barnoota keessatti waa'ee saalaa waligalaa irrattii barnoota akka argatan, addaa itti immoo fedhiiwwan fayyaa dargaggootaaf kanneen barbaachisaniif beekamtii kan kennuudhaan. Odeeffannoon akkasii kun waa'ee qaama keenyaa, mirga fi fayyummaa wal hormaataa keenya irratti beekumsaa waligalaa akka qabanuuf kan nuu jajjabeessuudha. kunis, waa'ee fayyaa keenya irratti murtee murteessitootni akka beekaanii fi waa'ee fayyaa keenyaf akka falminuu kan nuu taasisuudha. Kanaaf,

- Barnootni sirna walhormaataa fayyaa qaama saalaa waligalaa akka kaarikulamii fi imaammata itti Ministeerri Barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannoolee keessatti hammachuu irrattii aadeeffachuun barbaachisadha.
- Deggersa tajaajilawwan fayyaa ilaalchisee odeeffannoowwan barbaachisoo kan akka fayyaa wal hormaataa, qoricha ulfa tasaa ittisuuf fudhatamu, dhukkubawwan wal qunnamtii saalaan daddarbanii fi fayyaa sammuu argachuun nuuf barbaachisaadha. Kun ammoo kunuunsa icciitawaa waliigalaa kabajaa fi fedhii tajaajila addaa argachuu feenu akka argannuf nuu gargaara.
- Odeeffannoo sirrii ta'ee fi tajaajilawwan fayyaa fi nageenya keenyaaf barbaachisoo ta'an akka argannuf haala ni mijeessa.

## 6 Miidhaa Koorniyaa irratti Xiyyeeffatee fi Shamarran irra ga'uu Hambisuu!

Miidhaan Koorniyaa irratti Xiyyeeffate (MKX) yaaddoo keenya isa cimaa yoo ta'u, keessattuu shamarran naannoo mana barnoota itti miidhaan saalqunnamtii dabalatee addumatti miidhaalee adda addaaf yeroo hedduu saaxilamoodha. Wal dhabdeen naannolee gara garaa keessatti deemaa jiru, keessattuu yeroo gara mana barumsaa deemnuufi yeroo mana barumsaatii gallu, balaan akkana daran hammeessee jira. Sodaa MKX, gudeeddaa, qaqqabbaa qaamaa hin taaneefi kkf nageenya keenya miidhuu qofaa osoo hin taane barnoota keenya egeree irrattis dhiibbaa guddaa ni uuma.

- Bu'uuraalee seeraa ciccimoo ta'an atattamaa fayyadamuun fi sirnaa miidhaa saalqunnamtii nuurraa eegguuf nuu gargaaran deggeruu, akkasumas warren miidhaa qaama nurraan geessisan seeraan gaafachiisuu fi warra miidhaa irraa hafan ammo deggersa barbaachisaa kanneen akka tajaajila fayyaa, tajaajila seeraa fi deggersa xiinsammuu akka argatan taasisu ni barbaachisadha.
- Hammeenyummaa fi dhiibbaa MKXn shamarran irra ga'uu ilaalchisee hawaasa keessatti hubannoo uumuu, barmaatilee boodatti hafaa shamarran irraatti miidhaa geessisan jijjiiruu, aadaa, shaakalawwanii fi ilaalcha shamarran hacuucan jijjiiruu.

> "Ilaalchawwan hawaasa keessa jiranii fi kan shamarran miidhan hedduun akka jiran hubanneerra, fkf, "Mana nadheen baayyatte raafuun hin bilchaatu; beekumsi dubartii amma dhiira geessutti; dubartiin barattee eessa geessi!" kan jedhan akka fakkeenyaatti kaasuun ni dandaa'ama. "Ilaalchi badaa fi dhiiraaf loogu kun jijjiiramuu qaba. Ani aadaa badaa kana jijjiiruuf sagalee ta'uun barbaada."
>
> *- Dubbii shamarri gannaa 19 naannoo magaalaa jiraattu tokkon dubbattedha*[1]



- Duula hubannoo uumuu geggeesitoota hawaasaa hirmaachisee fi kanneen miidhaa shamarran irra ga'uu kamiifuu obsa hin qabne taasisuuf waamicha ni dhiyyeessina. Akkasumas guyyoota mana barnoota deemnuu fi gallu miidhaaf saaxilamoo waan taaneef tarkaanfiiwwan ittisaa waan nuu barbaachisuu fi tajaajilawwan saaxilamummaa keenya xiqqeessan kan akka tajaajila geejibaa fi hordoffii hawaasaa akka nu barbaachisan ni hubachisaan.
- Nuti barmaatileen miidhaa geessisanii fi kan carraa barnootaa nurraa mulqan dhabamsiisuuf cimsinee ni falmanna.
- Daa'imman hojii humnaa isaanii ol hojjechisuu fi miidhaan isaanirra ga'u irraa dhaabbatee mirga barnoota barachuu akka argatan cimsinee ni gaafanna.
- Qaamoleen ol aantummaa seeraa kabachiisan (kana akka poolisii fi mana murtii) akka seera mirga shamarranii hojiirra oolchan, shamarran sodaa fi yaadoo tokko malee akka bakka fedhan dhaqanii galan haala mijeessaniif akka qaamota miidhaa geessisan seeratti dhiyyeessan cimsinee gaafanna.

# Sagalee Keenya Ol Kaafnee Dhageessifna!

Yeroo baayyee ilaalchi keenya (shamarranii) waan fudhatama hin qabneef, kunimmoo akka nuti ofiin waa murteeffachuu hin dandeenyee fi sagaleen keenya akka hin dhagaa'amne taasiseera. Nageenya keenya mana barnootaa keessaa fi hawaasa gidduu eeguun akka nuti tokko taanee dhaabbanu, akka muuxannoowwan keenya waliif qoodnuu fi dhimmoota jireenya keenya irratti dhiibbaa geessisan akka waliin mari'annu nu gargaara. Waltajjiileen deggeroon akkasii akka nuti dhuunfaatti of ibsinuu fi dhimmoota nu ilaallatan irratti waliin akka marii geggeesinu nu jajjabeessa.

Ofii keenya waa'ee dhimma keenyaa akka dubbatanuu fi akka dhageettii argannu atattamaan ni gaafanna. Kanaaf, bakka dhimma keenya itti dubbatannuu fi haala yeroo isaa eeggatee fi toora galeen ofiin murteeffachuun barbaachisaa dha.

Leenjii dandeettii raawwachiisummaa ijaaruu kanneen akka dandeettii namoota dura dhaabbatanii haasawuu taasisuu irratti xiyyeeffate, falmachuu, dandeettii jaarmiyaa dabalatee hariiroo guddinaa fi tarsiimoo aangoo akka qabaannu cimsinee ni gaafanna.

Egeree keenya qajeelchuuf carraalee biyyoolessaa nu aangessuuf qooda qabanii fi geggeessummaa keessatti karooraalee nu gargaaran irratti hirmaachuun ofitti amantummaa, ga'ee geggeessummaa argachuu, ofiin dhimma nu ilaallatu murteeffachuu keenya cimsan keessatti hirmaachuu barbaadna.

Kana malees, dhimma keenya ilaalchisee qaamota murteessoo ta'an kan akka barsiisotaa, gorsitootaa, namoota fakkeenya ta'an, geggeessitoota hawaasaa fi maatiin akka hirmaatanii fi dhimmi keenya dhageettii akka argatuu fi sagaleen keenya akka dhagaa'amu cimsinee gaafanna.



## 1 Walitti Qunnamtii (neetwoorkii) fi waltajjiiwwan wal arguu (Pilaatfoormii)Cimaa hundeessuu!

Nu aangessuuf tarkaanfiin waloo murteessaa dha. Tokkummaa keenya cimsuun, qabeenya qooduu fi waloon hojjechuun hudhaalee baramoo mo'achuu akkasumas rakkoolee shamarran mudataniif furmaata kennuun ni dandaa'ama. Jijjiirama gaarii fiduuf hariiroo cimaa manneen barnoottaa fi hawaasa gidduutti jabeessanii gad dhaabuun barbaachisaa dha.

- Waldaa keenyaaf kan nuti barbaannu, bakka caasaa adda addaa qabuu fi neetwoorkii qabu (Woorkshooppii fi neetwoorkiin shamarran akka wal tumsanii fi yaada wal jijjiiran akkasumas tokko ta'uun isaanii akka itti dhagaa'amuuf haala mijeessa.)
- Pilaatfoormii dijiitaalaawaa shamarraniif uumuun, dabalataanis tekinoloojii fi miidiyaalee hawaasaa fayyadamuun isaanii, walitti dhufeenya, tokkummaa fi sosochii isaanii cimsuu fi ballisuudhaaf akkasumas tattaaffii ijaaramuu isaanii deggeruu keessatti shoora guddaa qaba. Kunis carraa muuxannoo fi seenaa keenya ittiin gabaasnu uumuu bira darbee matadureewwan barbaachisoo keessatti akka qooda fudhannuu fi dhageettii keenya akka mul'ifnu akkasumas dhiibbaa akka uumnuuf nu gargaara.
- Jijjiirama koorniyaa bu'a qabeessa kan firiin isaas mul'atu dhaabuuf haala mijeessa.

## 2 Pilaatfoormii abukaatummaa fi marii dhimma shamarranii irratti xiyyeeffate uumuu

- Pilaatfoormii abukaatummaa fi marii dhimma shamarranii irratti xiyyeeffate qopheessuun dhimmi keenyaa akka xiyyeeffannoo argatuu fi sagaleen keenya akka dhagaa'amu gochuun barbaachisaa dha.
- Kaayyoo keenya galmaan geessisuu keessatti dhaloota nu dura jiran, kana jechuunis, dhubartoota geggeessitoota ta'anii fi kanneen fakkeenyummaa gaarii qaban faana marii taasisuunii fi muuxannoo jireenyaa fi seenaa isaanii irraa barumsa argachuun barbaachisaa dha.
- Milkaa'inaa fi fiixaan ba'insa keenyaaf beekamtii kennuu fi ayyaaneffachuun itti fufiinsaan gara fuulduraatti kana caalaa akka carraaqnu nu taasisa akkasumas dhiibbaa nuti uumnu calaqisiisa; kana malees aadaa wal deggeruu, waltumsuu fi wal gurmeessuu hawaasaa cimsa.
- Tattaaffii nuti miidhaa shamarran irra ga'u hambisuuf taasifnu keessatti miseensonni hawaasaa fi dhiironni akka hirmaatan ni deggerra, sababiin isaas, akkas gochuun hawaasa gidduutti hubannoo uumuu fi deggersa isaanii argachuuf, kana malees, naannoo mirga keenya (mirga shamarranii) kabaju uumuu keessatti shoora guddaa qaba.
- Dandeettii fayyadama dijiitaalaa keenya cimsuun akka nuti odeeffannoo adunyaalessaa argannuu fi haalaan itti fayyadamuu dandeenyu akkasumas hirmaattota adunyaa dijiitaalaa ballaa faana akka nuti walitti dhufeenya qabaanu taasisa.

## 3 Shamarran Moggaatti Dhiibamanii fi Saaxilamoo ta'an Hammachiisuu



Nuti, shamarran, hundi keenya tokko miti, fedhiin keenyas garaa gara, akkasumas, barbaachaa fi fedhii nuti qabnuuf deebii kennuu keessatti malaa fi tarsiimoo adda addaa fayyadamuu akka barbaachisu cimsinee gaafanna. Waan wal fakkaataa hedduu qabaannus, haala dinagdee, naannoo keessa jiraannu, aadaa keessatti guddannee fi bakka jiraannu irraa kan ka'e gaaffii fi fedhiin keenya addaa adda. Fakkeenyaaf, fedhiin atattamaa shamarran qe'ee isaanii irraa buqqa'anii mooraa (camp) keessa daa'atan kan shamarran naannoo fi hawaasa naga qabeessaa keessa jiraatan waliin tokko miti.

Nuti miidhaalee adda addaa kan akka miidhaa saal-qunnamtii, miidhaa dinagdee, akkasumas miidhama nurra ga'e irraa dandamachuuf deggersa ga'aa argachuu dhabuudhaan akka malee saaxilamoo akka taane barree jirra.

Addumatti warreen qe'ee keenya irraa buqqifamnee mooraa keessa jiraachuuf dirqamne rakkoon nurra ga'u baayyee hammaataadha, kanaafis deggersa meeshaalee barnootaa atattamaa fi xiinsammuu argachuutuu nuuf ta'a. Shamarran hir'ina qaamaa qaban ammoo barnoota akka hin arganneef rakkoo dabalataati isaan eega, kunis rakkoo mana jireenyaa fi ilaalcha hawaasa keessa jiruun wal qabata; akkuma kana shamarran maatii rakkina dinagdee qaban gidduudhaa dhufan ammoo deggersa maallaqaa malee barnoota isaanii ordofuun danqaa guddaa itti ta'a.

- Akka qaama hawaasaa rakkoolee fi miidhaalee gara garaaf haala adda ta'een saaxilamanitti, nuti shamarran, baayyoliin keenya miidhaa garagaraa dabalatee, miidhaa xiinsammuufis saaxilamoo ta'uun keenya akka nuuf beekamu cimsinee gaafanna. Waan ta'eefis deggersa rakkoolee nu qunnamu furuu ykn deggersaalee dhiphina nu mudatan irraa nu dandamachiisan argachuun xiyyeeffannoon addaa itti kennamee atattamaan hojiirra ooluu qabu.
- Shamarran sababa wal dhabdee barumsa addaan kutan akka mana barumsaatti deebi'an ni jajjabeessina. Akkasumas qaamoleen miidhaa kam iyyuu shamarran irratti raawwatan itti gaafatamummaa akka fudhatanii fi to'annoo seeraa jala akka oolan cimsinee hojjena.
- Manneen barumsaa naannoo wal dhabdeen itti heddumatu jiran akka deebi'anii haareffamanii banaman ni gaafanna.

> *“Waggoottan lamaan darban oliif mana barnoota hin deemne; yeroo nut mana barnootatti deebinu waan hundinuu sababa wal itti bu'iinsa hamaa mudateen barbadaa'ee nu eege. wal itti bu'iinsi sun mooraa mana barnoota keenya qofa miti kan inni mancaase, fedhii fi hawwii keenyas wal faana mancaase malee. Nageenyi keenya akka eegamu barbaanna.”*
>
> *-Shamara ganna 19 naannoo dhiyoo kana wal itti bu'iinsi keessa turee irra kan dubbateedha* [1]

- Waa'een shamarran hir'ina qaamaa qabanii akka furmaata iffi fufiinsa qabu argatan haala walirraa hin cinneen irra deddeebinee ni gaafanna; poolisiiwwan hammatoo akka hojiirra oolanii fi shamarran kunneen rakkina tokko malee akka barnoota isaanii itti fufan taasisuu fi loogii hambisuun haalli akka mijatuuf sagalee keenya ol kaafnee dhageessifna.

*"Yeroo tokko tokko qormaata qoramuuf taa'uufuu ulfaataadha, sababiin isaas shamarran hirrina qaamaa qabaniif bifa ga'aa ta'een teessumni mijataan hin qophoofne. Shamarran rakkoo hir'rina qaamaa qaban xiyyeeffannoo akka argatanii fi kaayyoon isaanii akka galma ga'u nan fedha."*

*- Baratuu qaama miidhamtuutu dubbate*

- Barattoota shamarranii naannoo ykn hawaasa Horsiise Bulaa keessa jiraatanii fi haalli barumsaa haala jireenya isaanii faana walsimu addatti akka qophaa'uu fi fedhiin barnootaa isaaniis akka guutuuf ni gaafanna.

*"Ani hawaasa horsiise bulaa keessan dhufe, kanaaf barnoota filannoo kan haala qabatamaa jiruu fi jireenya keenyaa ilaalcha keessa galche nuuf banamuu qaba jedheen amana. Manni haala naannoo fi jireenya keenya faana wal fakkaatu osoo nuuf saaqamee barannee jireenya keenya egeree ijaarrachuu dandeenya jedheen yaada."*

*-Shamarree ganna 18 hawaasa horsiise bulaa keessaa dhuftetu dubbata*

- Barmaatileen miidhaa geessisan kan akka heeruma umurii malee fi shamarran kittaanuun akka dhaabbatu cimsinee gaafanna; akkasumas shamarran naannoo horsiisee bulaa keessa jiraatan shamarran naannoo biraa jiraatan qixa carraa barnootaa akka argatan ni gaafanna.

*"Barmaatileen aadaa hammoon keessattuu heerumni umurii malee fi shamarran kittaanuun, kan naannoo horsiise bulaa keessatti heeddummatan dhaabbatee shamarran naannoo horsiisee bulaa keessa jiraatan akka carraa barnootaa argatan nan barbaada"*

*-Shamara ganna 18 hawaasa horsiisee bulaa keessaa dhufte*

- Nuti shamarran mooraa namoota qe'ee isaanii irraa buqqifamanii keessa kan jiraannuu fi kan maatiin ykn namni nu guddisu nurra du'an xiyyeeffannoo fi eegumsi addaa akka nu barbaachisu beeksifna; barnoota keenyas akka barachuu dandeenyuuf deggersi barbaachisaa akka nuuf taasifamu gaafanna.

> *"Ani bakkan dura itti baratAA turerraa sababa buqqifamnee fi erga buqqaanee booda mana barnoota haaraa sababan seeneef naannoo isaatti baruu dadhabee ooma hubachuu waanan hanqadheef baayyeen rakkadhe. Nuti shamarran qe'ee keenyarraa buqqaane gidiraa argaa jirra; kanaaf mana barnoota haala naannoo keenyaan wal simuu fi jireenya keenya ilaalcha keessa galchu nuuf banamee carraa barnoota argachuu feena."*
>
> *- Shamara ganna 19 mooraa namoonni qe'ee isaanii irraa buqqifaman keessa jiraatan keessa jiraattutu dubbate*[1]

- Nuti shamarran qaama miidhamoo deggersi maallaqaa xiyyeeffataa fi sagantaaleen barnoota ogummaa banamanii leenjii barbaachisu fudhannee dinagdeedhaan of dandeenyee jiraachuu feena.
- Nuti shamarran poolisiiwwan mootummaa kan carraa barumsa argachuu keenya danqanii fi amma hojiirra jiran fooyya'aanii nageenyi keenya eegamee haala walqixxummaa koorniyaa eegeen eeegumsi nuuf taasifamee fi carraa barnootaa argannee akka barachuu dandeenyu mootummaa gaafanna.
- Ministeerri Fayyaa haala fayyaa keenyaa ilaalcha keessa galchuun tajaajila fayyaa keenya caasaa barnootaa hunda keessatti gadi buusee wallaansa fayyaa qaamaa fi xiinsammuu barbaachisoo argachuu qabna. Sagantaaleen tajaajila hunda galeessa ta'e bifa haala keenya isa uumamumaan adda ta'e ilaalcha keessa galche furuu danda'u bochamee hojiirra ooluu qaba.



# Qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu akka Sochii kana Keessatti nu waliin Hiriiran Gaafachuu!

Qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu hojii irra oolmaa manifeestoo kanaf, dhaabbileen sivilii hawaasa, dhaabbileen dubartootaa, dhaabileen miti mootummaa, dhaabileen miti mootummaa idil - adunyaa, falmitoonni mirga namoomaa ykn dhaadannoo keenya kana galmaan geessisuu fi nu aangessuuf akka nu faana hiriiran gaafanna. Carraaqqiin waloo fi tokkummaan taasifamu kun mirgi keenya akka kabajamuu fi fedhiin keenya haalaan akka nuuf guutuu fi mirgi keenya sadarka hundatti akka nuuf kabajamu gochuu keessatti ga'ee ol aanaa qaba.

Hudhaaleen jireenya keenyaa akka furmaata argatuu fi fedhiin keenya akka guutamuuf qaamoleen poolisii raawwachiisanii fi murtoo dabarsan, sekteraaleen ministirii mootummaa fi biirooleen humna raawwachiisuu qaban hundi poolisiiwwan dhimma shamarranii ilaalchisee ba'an akka fooyyeffamanii fi rakkoolee guyyuun nu mudatan akka furan akkasumas fedhii keenya akka guutan dhiibbaa goona.

Muuxannoolee fi deggersa teekinikaa akkasumas qabeenyi hanqinaa fi fedhii keenya guutuu danda'u akka ramadamuu fi jijjiiramni hiika qabu dhufuu feesisa.

Aadaa fi barsiifata boodatti hafaa jijjiiruun duudhaa fi mirgi keenya akka haalaan eegamuu fi dursi kennamuuf gochuu keessatti geggeessitoota sadarkaa gadii jiranii fi maatii aangessuun baayyee barbaachisaa dha.

Poolisiiwwanii fi karooraalee shamarran irratti xiyyeeffatan hojiirra oolchuun barnoota, fayyaa fi angeessuu hawaasaa irratti jijjiirama guddaa fida, haa ta'u malee, inishiteeviiwwan kunneen haalaan hojiirra ooluu isaanii fi dhiibbaa gaarii fiduu isaanii addumatti ammoo jireenya shamarranii fooyyessuu keessatti ga'een qaban dhugumatti fedhii shamarranii guutuu fi danqaa jireenya isaanii hambisuu ykn fooyyessuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaanii mirkaneeffachuuf yeroo hunda madaaluunii fi hordofiin bayyee barbaachisaa dha. Dhimmamtoota hunda biratti miira itti gaafatamummaa uumuun hawaasa biratti iftoominaa fi amanamummaa dagaagsuu fi dhaadhessuuf ga'ee guddaa qaba.

Shamarran Itiyoophiyaa maraaf egeree ifaa ta'e ijaaruuf deggersi barbaachisaan akka isaaniif godhamuuf deggersaa fi gargaarsa waloo akka taasiftan waamicha keenya isiniif taasifna.




# Nuti Harka wal Qabannee Kaaneerra, Sagaleen Keenya Dhagaa'amuu Qaba!

[1] *Ani Shamarree ganna 19; shamarran sababa gara garaan fkf sababa walitti bu'iinsa kanan dura tureen, wal dhabdee fi muddama gara garaan boodatti hafaniruu.*

# Manifeestoo Shamarran Itoophiyaa
2024

MALALA FUND
SUPPORTER

EDUCATION CHAMPION NETWORK ETHIOPIA

NEWA

+251952048277 newaethiopia@gmail.com
In front of Gibson Academy,Kebele 24,
Addis Abeba, Ethiopia
P.O Box 19357

www.newaethiopia.org

design & print: creativeprofusion.com